Dambii Lak. 187/ 2008

**Dambii Korporeeshinii Misooma Paarkiiwwan Industirii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe**

Sochii misooma industirii akka biyyaattis ta'e akka naannootti babal'achaa dhufe daran bu'a qabeessa taasisuu fi faayidaa mootummaa fi uummanni Naannichaa irraa argachuu qabu kallattii karooraa fi imaammata baheen hoogganuun murteessaa ta'ee waan argameef;

Naannichi qabeenya bishaanii fi lafa qonnaa bal'aa qabuun walitti hidhamiinsa oomisha qonnaa fi agroo piroosesiingii irratti hojjechuun cehumsa gara industiriitti taasifamu saffisiisuun yeroo gabaabaa keessatti guddina fiduuf paarkii industirii hundeessuu fi qaama sochii paarkii industirii hundaa'e hoogganu hundeessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Labsii Qaamota Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk.199/2008 Keewwata 74(1)tiin Dambiin kanatti aanu bahee jira.

## Kutaa Tokko
## Tumaalee Waliigalaa

1. **Mata-Duree Gabaabaa**

   Dambiin kun **"Dambii Korporeeshinii Misooma Paarkiiwwan Industirii Oromiyaa Hundeessuuf Bahe Lak.187/2008"** jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. **Hiika**

   Akkaataan seensa jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, Dambii kana keessatti:

   1) **"Boordii"** jechuun bu'uura Dambii kanaatiin kan hundaa'e Boordii Korporeeshinii Misooma Paarkiiwwan Industirii ti.
   2) **"Bu'aa Qulqulluu"** jechuun galiiwwan bara herrega baajatichaa keessatti hojii geggeessituu, miindaa fi herregawwan seeraan baasii ta'an, tilmaama dullumaa akkasumas dhalaa fi taaksiiwwan adda addaa irraa hir'ifamee herrega hafu dha.
   3) **"Giddugala Tiraanisfoormeeshinii Baadiyyaa"** jechuun bakka paarkii agroo-industirii qindaa'aan itti argamu irraa fageenya naannoo kiiloomeetira 100 keessatti kan argamuu fi paarkii agroo-industirii qindaa'aaf maddaa fi dhiyeessaa meeshaalee dheedhii oomisha qonnaa ta'uudhaan walitti hidhamiinsa qonnaa fi industirii gidduutti uumuuf gidduu gala tajaajilu dha.

4) **“Kaappitaala”** jechuun Korporeeshiniin yeroo hundeeffamuu fi erga hundeeffamee booda Mootummaan Naannichaa kan ramaduuf qabeenya qulqulluu waliigalaa yeroo ramadamee fi isaan booda mootummaan kan ramaduuf qabeenya qulqulluu waliigalaa yeroo ramadametti gatii inni qabu dha.
5) **“Korporeeshinii”** jechuun Korporeeshiniin Misooma Paarkiiwwan Industirii Mootummaa Naannoo Oromiyaa ti.
6) **“Mootummaa”** jechuun Mootummaa Naannoo Oromiyaa ti.
7) **“Abbaa Taayitaa”** jechuun Abbaa Taayitaa Too’annoo Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa Naannoo Oromiyaati.
8) **“Odiitara”** jechuun akkaataa Dambii kanaatiin herrega Korporeeshinii kan qoratu nama uumamaa yookiin dhaabbata qaamni seerummaa kennameef jechuu dha.
9) **“Paarkii Agroo-industirii Qindaa’aa”** jechuun kaayyoowwan guddina industirii kan qabate ta’ee, karoora bu’uura godhatee kan akka daandii, humna elektiriikaa, bishaan, tajaajilli giddu gala tokkoo fi bu’uuraaleen misoomaa barbaachisaan kana fakkaatan kan guutameefii agroo-industiriiwwan hunda qabeessa, qindaa’aa, gosa hedduu yookiin gosa tokkoo, yookiin walfakkaatina kan qaban haala walirraa fudhachuu danda’aniin misoomsuuf kan hundaa’u daangaan kan kaa’ameef iddoo murta’e dha.
10) **“Paarkii Industirii Addaa”** jechuun paarkii agroo-industirii qindaa’aan ala kan jiru ta’ee, industiriiwwan akka gogaa, bu’aa gogaa, galtee ijaarsaa fi kan kana fakkaatan kan ofkeessatti qabate paarkii industirii, zoonii industirii fi kilaasterii industrii jechuu dha.
11) **“Paarkii Industirii”** jechuun kaayyoowwan guddina industirii kan qabate ta’ee, karoora bu’uura godhatee kan akka daandii, humna elektiriikaa, bishaan, tajaajila gidduu gala tokkoo fi bu’uuraaleen misoomaa barbaachisaan kana fakkaatan kan guutameefii industiriiwwan hunda qabeessa, qindaa’aa, gosa hedduu yookiin gosa tokkoo, yookiin walfakkaatina kan qaban haala walirraa fudhachuu danda’aniin misoomsuuf kan hundeeffamu daangaan kan kaa’ameef iddoo murta’e yoo ta’u, paarkii agroo-industirii qindaa’aa fi paarkii industirii addaa akkasumas, kanneen walfakkaatan biroo Mootummaa Naannootiin moggaafaman ni dabalata.
12) **“Qabeenya Qulqulluu Waliigalaa”** jechuun qabeenya waliigalaa irraa bara herregaa qabame keessatti idaawwan kaffalaman kan akka idaawwan yeroo dheeraatti kaffalaman, galii dursa kaffalamee fi idaawwan biroon hir’ifamanii qabeenya hafu jechuu dha.

13) **“Qabeenya Waliigalaa”** jechuun qabeenyota Korporeeshinii kan hin sochoonee fi kan socho’u, galiiwwan Korporeeshinichi hin fudhatiin jiru maallaqa callaa fi herrega baankii yoo ta’u, qabeenyaa qabatamoo hin taane, baasiiwwan dursanii kaffalamanii fi herrega biroo galii ta’uu qaban ni dabalata.

14) **“Qooda Bu’aa Mootummaa”** jechuun bu’aa qulqulluu irraa herrega of eegganoo seeraa fi of eegganoo birootti maallaqni galii ta’u hir’atee herrega hafu dha.

**3. Ibsa Kornayaa**

Dambii kana keessatti kornayaa dhiiraatiin kan ibsame dubartiis ni dabalata.

**4. Daangaa Raawwatiinsaa**

Dambiin kun paarkii industirii Mootumma Naannichaatiin hundeeffaman hundaa irratti raawwatiinsa ni qabaata.

**5. Hundeeffamaa fi Itti Waamama Korporeeshinichaa**

1) Korporeeshiniin Misooma Paarkiiwwan Industirii Mootummaa Naannoo Oromiyaa kanaan booda **“Korporeeshinii”** jedhamee kan waamamu Dhaabbata Misoomaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa ta’ee Dambii kanaan hundeeffamee jira.
2) Itti waamamni Korporeeshinii Boordiidhaaf ta’a.

**6. Kaayyoo**

Korporeeshinichi kaayyoo armaan gadii ni qabaata:

1) Hojimaataa fi teeknolojii hammayyaa’aa oomisha duraa fi oomisha boodaa fayyadamuun oomishaalee qonnaa paarkiiwwan industiriif akka galteetti gargaaran hammaa fi qulqullina akkasumas oomishtummaa guddisuun sirna gabaan hoogganamuun sadarkaa idil-addunyaatti dorgomaa taasisuu dha.
2) Paarkiiwwan agroo-industirii qindaa’aa, giddu galoota oomishni itti walitti qabamuu fi giddu galoota tiraanisfoormeeshinii baadiyyaa gidduu, akkasumas paarkiiwwan agroo-industirii qindaa’aa fi paarkiiwwan industirii addaa gidduutti qindoominni akka uumamu taasisuun cehumsa caaseffamaa qonnaa irraa gara industiriitti taasifamu saffisiisuu dha.

**7. Teessoo Waajjira Ol’aanaa**

Teessoo ol’aanaa waajjira Korporeeshinichaa Magaalaa Finfinnee ta’ee, akkaataa barbaachisummaa isaatti damee qabaachuu ni danda’a.

## Kutaa Lama

## Gurmaa’ina, Aangoo fi Hojii Korporeeshinichaa

**8. Gurmaa’insa Korporeeshinichaa**

Korporeeshinichi gurmaa’insa armaan gadii ni qabaata:

1) Boordii;

2) Hojii Gaggeessaa Ol'aanaa fi itti aanaa hojii gaggeessaa ol'aanaa yookiin itti aantota hojii gaggeessaa ol'aanaa; fi
3) Hojjettoota barbaachisaa ta'an ni qabaata.

**9. Aangoo fi Hojii Korporeeshinichaa**

Korporeeshinichi aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Paarkiiwwan agroo-industirii qindaa'aa, paarkiiwwan industirii addaa, giddugaloota tiraanisfoormeeshinii baadiyyaa akkasumas, giddugaloota oomishni itti walitti qabamu ni ijaarsisa, ni bulcha, ni kireessa, liiziin yookiin gurgurtaan ni dabarsa; bu'uura kallattii Boordii irraa kennamuun hojii isaa qaamolee birootiif waliigalteedhaan ni dabarsa;
2) Faayidaa paarkiiwwan agroo-industiriii qindaa'aa, paarkiiwwan industirii addaa fi giddu galootni tiraanisfoormeeshinii baadiyyaa qaban beeksisuun haala mijaawaa abbootii qabeenyaa haawwatu uumuun paarkiiwwan industirii keessa galanii akka hojjetan dhimmoota barbaachisaa ta'an ni raawwata;
3) Abbootii qabeenyaa fedhii qaban wajjin waliigaluudhaan invastimantii waliinii irratti ni bobba'a;
4) Paarkiiwwan agroo-industiriii qindaa'aa, giddu galoota tiraanisfoormeeshinii baadiyyaa fi giddu galoota oomishni itti walitti qabamu gidduutti akkasumas, paarkiiwwan agroo-industiriii qindaa'aa fi paarkiiwwan industirii addaa gidduutti hojmaatni qindaa'aan akka uumamu dhimmoota barbaachisan ni raawwata;
5) Hojiiwwan bu'uura misoomaa, suphaa, qabiinsaa fi maqfama balfaa paarkiiwwan agroo-industiriii qindaa'aa fi paarkiiwwan industirii addaani hooggana, tajaajilli iddoo tokkoo akka jiraatu dhimoota barbaachisaa ni raawwata;
6) Walitti bu'iinsa paarkiiwwan gidduutti uumaman furmaata akka argatan ni taasisa; dhimmoota humna isaatii ol ta'an akkaataa seeraan furmaata akka argatan ni taasisa;
7) Hojiiwwan biroo kaayyoo isaa galmaan gahuuf gargaaranii fi Boordiin kennamaniif ni raawwata.

**Kutaa Sadii**

**Qaamoolee Bulchiinsaa Korporeeshinichaa**

**10. Hundeeffamaa fi Itti Waamama Boordii**

1) Hojii Korporeeshinichaa ol'aantummaadhaan kan hoogganu Boordiin Korporeeshinii Misooma Paarkiiwwan Industirii Mootummaa Naannoo Oromiyaa kanaan booda **"Boordii"** jedhamee kan waamamu Dambii kanaan hundeeffamee jira.
2) Ittiwaamani Boordichaa Abbaa Taayitaatiif ta'a.

## 11. Miseensota Boordii

1) Boordichi Miseensota sagalii hanga kudha tokkoo ni qabaata;
2) Miseensota Boordii keessaa 1/3n hojjattoota dhaabbii Korpooreeshinichaa keessaa kan filataman ta'ee, miseensotni hafan Abbaa Taayitaatiin dhiyaatanii Pirezidaantii Naannichaatiin kan ramadaman ta'a.

## 12. Aangoo fi Hojii Boordii

Boordiin Korporeeshinichaa aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Karoora tarsiimoo Korporeeshinichaa, galmoota waggaa fi waliigalaa, karooraa idilee fi invastimantii, sagantaa hojii, baajataa fi seera ittiin bulmaata keessaa ni raggaasa, raawwii isaas ni hordofa.
2) Liqiiwwan yeroo dheeraa fi idaawwan Korporeeshinichaa ni raggaasa.
3) Oomishaaleen qonnaa paarkiiwwan industiriif dhiyaatan mala qonnaa ammayyaa akka hordofan gochuun paarkiiwwan agroo-industiriii qindaa'aa fi giddu galoota tiraanisfoormeeshinii baadiyyaa akkasumas baadiyyaatti giddu galoota oomishni itti walitti qabamu gidduutti qindoomina jiraachuu qabu ni diriirsa, raawwii isaas ni hordofa.
4) Paarkiiwwan agroo-industiriii qindaa'aatiif yookiin giddu galoota tiraanisfoormeeshinii baadiyyaatiif qonnaan bultoota yookiin waldaalee hojii gamtaa kallattiidhaan galtee oomishaalee qonnaa dhiyeessan ulaagaalee guutuu qaban ni murteessa.
5) Abbootii qabeenyaa paarkiiwwan agroo-industiriii qindaa'aa, paarkiiwwan industirii addaa fi giddu galoota tiraanisfoormeeshinii baadiyyaa keessa galanii hojjetan qaamolee mootummaa dhimmichi ilaalu waliin qindoomuun akka calalaman ni taasiisa.
6) Dhaabbileen barnootaa, leenjii, qorannoo fi deeggarsaa hojiiwwan waliigalaa paarkiiwwan agroo-industiriii qindaa'aa, paarkiiwwan industirii addaa fi giddu galoota tiraanisfoormeeshinii baadiyyaa irratti kallattii ittiin hojjetan ni kaa'a.
7) Kaffaltii durgoo miseensota Boordiif kaffalamuu qabu ni murteessa.
8) Odiitaroota alaa ni moggaasa.
9) Kaappitaala ka'umsaa Korporeeshinichaa mootummaa irraa ni ramadchiisa.
10) Mootummaa irraa maallaqa ramadchiisuun yookiin galii Korporeeshinichaa irraa kaappitaalli Korporeeshinichaa akka dabalu ni murteessa.

11) Odiitaroonni yaada yoo dhiyeessan yookiin kaappitaalli Korporeeshinichaaf hayyamame yeroo hundeeffame irraa eegalee waggaa shan keessatti guutummaatti kaffalamee kan hin xumuramne yoo ta'e kaappitaalli Korporeeshinichaa akka hir'atu ni murteessa.
12) Kaappitaala Korporeeshinichaaf hayyamame waggoottan shanan keessatti kaffalamee akka xumuramu herregootni ofeeggannoo akka qabaman yookiin mootummaa irraa maallaqni akka ramadamu ni taasiisa.
13) Bu'aa qulqulluu argame keessaa waggaa waggaadhaan mootummaaf hamma dhangala'uu qabu ni murteessa.
14) Herregnii fi qabeenyi Korporeeshichaa sirnaan qabamuu isaa ni mirkaneessa.
15) Gabaasa herregaa korporeeshinichaa fi odiitii alaa ni raggaasa.
16) Barbaachisaa ta'ee yoo argame Korporeeshinichi akka diigamu, korporeeshinii Naannichaa biraa waliin akka walitti makamu yookiin akka qoodamu yookiin akka gurguramu ni murteessa.
17) Hojigaggeessaa olaanaa Korporeeshinichaa ni ramada; mindaa fi durgoo isaa ni murteessa; hojiirraa ni geggeessa.
18) Qaxarrii, ramaddii fi hojiirraa geggeeffamuu, mindaa fi durgoo itti gaafatamtoota itti-waamamni isaanii hoji gaggeessaa olaanaa Korporeeshinichaatiif ta'anii ni raggaasa.
19) Hojiiwwan Korporeeshinichaa kamiyyuu kunuunsa naannoo akkasumas nageenya hawaasummaa, seerotaa fi hojmaata waliin akka walsimu kallattii ni kaa'a.

**13. Sirna Walgahii Boordii**

1) Boordiin yoo xiqqaate ji'atti yeroo tokko walgahii idilee kan qabaatu ta'ee, haalli ariifachiisaan yoo mudate yookiin miseensota Boordii keessaa walakkaan gaaffii yoo dhiyeessan dura taa'aan Boordii walgahii ni waama.
2) Miseensota boordii keessaa harki caalu yoo argaman walgahiin guutuu ni ta'a.
3) Murteen Boordii sagalee caalmaan kan darbu ta'a; sagaleen walqixa yoo ta'e, yaadni walitti qabaa Boordiitiin deeggarame murtii Boordii ta'a.
4) Hoji gaggeessaa ol'aanaa Korporeeshinichaa mirga sagalee kennuu osoo hin qabaatiin walgahii boordii irratti argamuu ni danda'a.
5) Barreessaan Boordii ajandaan walgahii Boordii dursee miseensotaaf akka dhaqqabu ni taasiisa.
6) Qaboon yaa'ii walgahii Boordichaa miseensota walgahii irratti argamaniin mallattaa'u qaba.

7) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 - 6 jalatti kan tumame akkuma eegameetti ta'ee, Boordichi sirna walgahii mataa isaa ilaalchisee qajeelfama baasuu ni danda'a.

## 14. Aangoo fi Hojii Hojigaggeessaa Ol'aanaa Korporeeshinichaa

Itti waamamni Hojigaggeessaa ol'aanaa Boordiidhaaf ta'ee, aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Hojii Korporeeshinii ni gurmeessa; ni hooggana; ni bulcha; ni to'ata.
2) Wal quunnamtii qaamolee sadaffaa wajjin taasifamu, himata Korporeeshinicha irratti dhiyaatuu fi himata Korporeeshinichi dhiyeessu irratti Korporeeshinicha bakka bu'ee ni hojjeta.
3) Boordii hayyamsiisee itti gaafatamtoota isaaf itti waamama qaban ni qaxara; ni ramada; hojii isaanii ni murteessa.
4) Seera ittiin bulmaata keessaa Korporeeshinichaa fi seerota dhimmi ilaalu biroo irratti hundaa'uun hojjettoota biroo ni qaxara; ni ramada; ni geggeessa; mindaa fi durgoo isaanii ni murteessa.
5) Herregni Korporeeshinichaa sirnaan akka qabamu ni taasiisa; herrega baankii Korporeeshinichaa akkaataa seeraatiin ni bana; ni sochoosa.
6) Akkaataa seeraa fi hojimaata dhaabbilee misoomaa mootummaa naannichaatiin Boordii hayyamsiisuun waliigaltee liqii hojii Korporeeshinichaatiif oolu ni raawwata;
7) Karoora hojii fi baajataa akkasumas dambii keessoo Korporeeshinichaa qopheessee Boordiif ni dhiyeessa; yammuu hayyamamus hojiirra ni oolcha.
8) Murtii Boordii fi qajeelfama Abbaan Taayitaa Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa Naannichaa baasu bu'uureffachuun qabeenya hojii Korporeeshinichaaf barbaachisaa hin taane ni gurgura yookiin ni maqsa;
9) Murtiiwwan Boordichaa ni raawwata; ni raawwachiisa.
10) Akkaataa Boordiin murteessuun Boordiif gabaasa ni dhiyeessa.
11) Barbaachisaa ta'ee yoo argame aangoo isaarraa qoodee ittigaafatamtootaa fi hojjettoota Korporeeshinichaatiif bakka bu'iinsaan kennuu ni danda'a.
12) Koree manaajimantii adeemsa hojii irratti gorsuu fi gamaaggama raawwii hojii, karooraa fi murtiiwwanii irratti mari'atu ni hundeessa, walgahii isaas ni geggeessa.
13) Hojiiwwan biroo Boordichaan kennaman ni raawwata.

### Kutaa Afur
### Tumaalee Adda Addaa

## 15. Kaappitaala Korporeeshinichaa

Kaappitaalli Korporeeshinichaaf hayyamame qarshii 5,000,000,000.00 (biiliyoona shan) keessaa qarshiin 1,250,000,000.00 (biiliyoona tokkoof miliyoona dhibba lafaa fi miliyoona shantama) maallaqaa fi akaakuun kaffalamee jira.

**16. Madda Galii Korporeeshinichaa**

Maddi galii Korporeeshinichaa kanneen armaan gadii irraa ta'a:

1) Kaappitaala ka'umsaa Mootummaan ramadu;
2) Galii gurgurtaa oomishaa fi qabeenyaa adda addaa irraa argatuu; fi
3) Gargaarsa, kennaa fi maddoota biroo irraa argamu.

**17. Haala Bulchiinsa Qabeenyaa, Humna Namaa fi Faayinaansii**

1) Korporeeshinichi caasaa humna namaa fi iskeelii mindaa mataa isaa ni qabaata.
2) Korporeeshinichi qajeelfama sirna bittaa, faayinaansii, bulchiinsaaf misooma humna namaa, bulchiinsaa fi itti fayyadama qabeenyaa, kanneen biroo seerota dhimmi ilaallatu bu'uura gochuudhaan qopha'anii fi Boordiin ragga'an ni qabaata.

**18. Itti Gaafatamummaa**

Korporeeshinichi qabeenya waliigalaa qabuun olitti idaadhaan hin gaafatamu.

**19. Galmee Herregaa**

1) Korporeeshinichi galmee herregaa guutuu fi sirrii ta'e ni qabaata.
2) Aangoon Mana Hojii Odiitara Muummichaa Oromiyaa akkuma eegametti ta'ee, herregni Korporeeshinichaa odiitara alaa Abbaan Taayitaa Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa Naannichaatiin mirkaneessuun waggaatti al tokko odiitii ni taasifama.

**20. Qooda Bu'aa Mootummaaf Kaffalamu**

Korporeeshinichi yeroo herregni waggaa cufame irraa eegalee ji'oota sadi keessatti qooda bu'aa mootummaa mootummaaf ni dhangalaasa.

**21. Yeroo Turmaata Korporeeshinichaa**

Korporeeshinichi yeroo hin murtoofneef kan hundeeffame dha.

**22. Seerota Raawwatiinsa Hin Qabaanne**

Dambiin, qajeelfamnii fi barmaatileen hojii Dambii kanaan walfaalleessan kamiyyuu dhimmoota Dambii kana keessatti hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

**23. Aangoo Qajeelfama Baasuu**

Dambii kana raawwachiisuuf Boordiin qajeelfama baasuu ni danda'a.

**24. Yeroo Dambichi Hojiirra Itti Oolu**

Dambiin kun **Hagayya 22,** bara 2008 irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

Muktaar Kadir

Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa

Finfinnee,

**Hagayya 22,** bara 2008